



STATE OF WASHINGTON  
**DEPARTMENT OF CHILDREN, YOUTH, AND FAMILIES**  
 CHILD CARE SUBSIDY PROGRAMS (CCSP)

**Xalayaa Maatii, Hiriyyaafi Holla (FFN) Mana-kessaa/Firaa Qabamee jiru**  
**Family, Friend and Neighbor (FFN) In-Home / Relative Pending Letter**

Guyyaa: \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_  
 BILBILAA WIIRTUU TUMSA KUNUUNSA DAA'IMAA ITTIIN QUNNAMAN

\_\_\_\_\_  
 FAKSII WIIRTUU TUMSA KUNUUNSA DAA'IMAA ITTIIN QUNNAMAN

\_\_\_\_\_  
 LAKKOOFSA IYYANNOO MAAMILAA

Kunuunsa Daa'ima Hidhatawwan Hojii (Working Connections Child Care)tiin kunuunsa daa'imaaf akka kafaluuf gargaarsa ati gaafatte karaa inni dhiyaachuu malu:

1. Nama fira (hiriyyaa ykn hollaa) hin taane ta'ee kan kunuunsa daa'imaaf mana kee dhufu; ykn
2. Fira ulaagaa guutu (maatii) mana maatii keessaa ykn fira ulaagaa guutu ta'ee kan kunuunsa daa'imaaf mana kee dhufu.

**Qajeelfamawwan Kutaawwan 1 fi 2 xlayaa kana keessa jiran dubbisuun hordofi maaloo.**

**Kutaa 1. Osoo kaffaltaan hin ajajamiiniifi qaamni dhiyeessu Qajeelcha Daa'immanii, Dargaggootaafi Maatiin (Department of Children, Youth and Families (DCYF))tiin hin mirkanaa'iin dura**

Dhiyeessitoonni maatii, hiriyyaafi hollaa (FFN) hundi kan ta'uu qaban:

1. Umuriin waggaa 18 fi isaa ol.
2. Galmees poortala dhiyeessaa WA Kompaas keessatti [dcyf.wa.gov/services/early-learning-providers/ffn](http://dcyf.wa.gov/services/early-learning-providers/ffn) irratti guutuu. Kunis kaardii Nageenya Hawaasummaa seera-qabeessaafi waraqaa eenyummaa suuraa mootummaan kenne, kan akka hayyama konkolaachisummaa, waraqaa eenyummaa isteeta Waashingitan, ykn paaspoortii, kooppii dubbifamuu danda'uufi sirrii ta'e olkaa'uu dabalata.

Galmeen erga ilaalamee booda, dhiyeessaan akkaataa iyyata Poortabil Baakgiraawond Cheek (PBC) karaa MERIT guutuu danda'u irratti kallattiin ni ergama.

**Gaaffii yoo qabaattan, DCYF 1-866-482-4325 Filannoo #8 qunnamaa.**

**Kan fira hin taane**

Kunuunsi daa'ima kan hayyamamu maatii **Daa'ima** gofa keessatti

Dhiyeessan daa'ima waliin walitti hin dhufu waan ta'eef:

- a) Hiriyyaa; ykn
- b) Hollaa maatii.

**Fira** (maatii firooma karaa dhiigaa, gaa'elaa ykn labsii mana murtiin)

Kunuunsi daa'immanii mana **Dhiyeessaa** ykn **Daa'ima** keessatti ni hayyamama

Dhiyeessaan daa'ima waliin waan walitti dhufuuf:

- a) Obbolaa ga'eessa mana daa'imni keessa jiruun ala kan jiraatu;
- b) Akkoofi akaakayyuu (akaakileefi abaabilees); ykn
- c) Adaadaafi eessuma (akaakilee fi abaabilees);
- d) Dhala obboleessa abbaa/haahdaa (Ulaagaalee Fayyaafi Nageenyaa kutaa 3ffaa guutuu qaba) ykn
- e) Maatii biroo firooma karaa dhiigaa, gaa'elaa ykn labsii mana murtii qaban)

Yoo kunuunsi **mana dhiyeessaa keessa jiraate**, dhiyeessaan namoota dhuunfaa umuriin isaanii waggaa 16 fi isaa ol ta'e hunda, kanneen fira waliin jiraatanis Poortabil Baakgiraawond Cheek akka guutan gochuu qaba.

## Kutaa 2. DCYF tiin mirkanaa'ee booda.

Guyyaan kaffaltiin jalqabu guyyaa Poortabil Baakgiraawond Cheek qulqullaa'e dhiyeessaadhaaf ykn guyyaa Poortabil Baakgiraawond Cheek yeroo dhiyootti qulqullaa'e miseensota maatii barbaadamuudha.

Kaffaltii argachuuf ulaagaa guutuuf, dhiyeessitoonni FFN hundi:

- A. Kaffaltaan jalqabee guyyoota sagaltama (90) keessatti, leenjii Hirmaannaa Karaa Elektirooniksii Hordofuu (Electronic Attendance Tracking) DCYF xumuri. Odeeffannoo leenjii [dcyf.wa.gov/services/early-learning-providers/electronic-attendance-system/training](https://dcyf.wa.gov/services/early-learning-providers/electronic-attendance-system/training) irraa argadhu ykn sirni hordoffii hirmaannaa elektirooniksii kee DCYFtiin kanarraa [dcyf.wa.gov/services/early-learning-providers/electronic-attendance-system/training](https://dcyf.wa.gov/services/early-learning-providers/electronic-attendance-system/training).
- B. Tokkoo tokkoo daa'imaatiif kan kunuunsa dhiyeessuuf yeroo itti jalqabeefi xumure galchuufiin waan elektirooniksiiitiin galmaa'e DCYFtiif ammoo mala elektirooniksii fayyadamuun ji'a ji'aan galchuuf sirna hordoffii elektirooniksii fayyadami.
- C. Odeeffannoo isaanii ulaa dhiyeessa Kompaasii WA fi MERIT kan maqaan seera qabeessa ta'e, teessoon, iimeeliifi lakkoofsi bilbilaa jijjiiraman akka haaraatti gale keessa kaa'i.
- D. Mirkaneessituu Kan Sosocho'u Ta'uu isaa (Prortable Background Check (PBC)) haaromsi (waggoota 3 irraa debiyamuun haaromsamuu barbaachisa).

## Kutaa 3. Ulaagaalee barbaachisan dabalataa

Kanneen itti aanan kunneen haala walitti dhufeenya dhiyeessitoonni daa'ima waliin qabaniifi bakka kunuunsi itti taasifamu irratti hundaa'uudhaan **ulaagalaa mirga argachuu itti fufee jiru dabalataadha:**

### Dhiyeessitoota **Fira Hin Taane fi Ilma Obboleessa abbaa/haadhaa**

Kunuunsi Nama Fira Hin Taane **Mana Daa'imaa qofa keessatti** ni hayyamama.

1. Guyyaa kaffaltiin jalqabee guyyoota 90 jalqabaa keessatti, dhiyeessaan gochuu kan qabu:
  - a) Leenjii Fayyaafi Nageenyaa DCYF ykn akkaataa bu'uura WAC 110-16-0025(2)(b) tiin leenjiin DCYF akka kan leenjifamte siif qabamuuf mirkaneeffadhu. Leenjiin Fayyaafi Nageenyaa DCYF toora interneetiiratti asirratti ni argama: [dcyf.wa.gov/services/early-learning-providers/ffn](https://dcyf.wa.gov/services/early-learning-providers/ffn);
  - b) Leenjii gargaarsa duraafi CRP dhalattuu, daa'imaafi nama ga'eessaa xumuri.
    - c) Guyyaa xumura leenjii CPR/Gargaarsa Jalqabaa MERIT keessatti <https://apps.dcyf.wa.gov/MERIT/Home> irratti galchi Ragaa leenjii CPR/Gargaarsa Jalqabaa (kaardii, waraqaa ragaa, ykn xalayaa barsiisaa) kenni.
  - d) Yeroo leenjii da'ima dhalattuu kunuunsuutti, leenjii hirriba naga-qabeessa dhalattuuf jedhu guuti
2. Daawwannaa waggaa Ogeessa Hayyama DCYF irraa Bilisa Ta'e waliin, mana kunuunsi itti kennamu keessatti hirmaachuu. Yeroo argamu, ati, warri akka argamtu jajjabeeffamta. Kaayyoon daawwannaa kanaa dhiyeessaan ulaagaalee fayyaafi nageenyaa akka eegu mirkaneessuu, naannoo kunuunsa daa'imaniifi walqunnamtii dhiyeessaan daa'ima waliin qabu ilaaluu, akkasumas gochaalee fayyaafi nageenyaa irratti mari'achuudha.
3. Waggaatti yoo xiqqaate leenjii Fayyaafi Nageenyaa DCYFn mirkanaa'e sa'aatii lama xumuruu.

### Dhiyeessitoota **Firaa** Ulaagaa Guutan

Kunuunsi daa'immanii mana **Dhiyeessaa** ykn **Daa'imaa** keessatti ni hayyamama

1. Yeroo kunuunsi daa'imaa mana fira dhiyeessaatti kan ta'e taate, namoonni waggaa 16 isaa al ta'anii:
  - a) Fira dhiyeessu waliin jiraatan Sochii Duuba Isaanii Mirkaneessu (Portable Background Check) haarumsuu qaban (Yeroo mara waggoota 3n barbaachisa).
  - b) Fira dhiyeessaa waliin jiraachuuf karoorri jiraateef, osoo dhiyeessaa waliin hin deemiin dura Sochii Duuba Isaanii Mirkaneessu (Portable Background Check) guutamuu qaba.

Hubannoon Kunuunsa Daa'imaa odeeffannoo bilisaa kan loogii hin qabneefi riffeerii maatiiwwan kunuunsa daa'imaa eyyamamaa qulqullinni isaa ol aanaa ta'e barbaadaniif ni dhiyeessa. 1-800-446-1114 ykn toora interneetii at [childcareaware.org](http://childcareaware.org) irratti bilbilaa.

Kunuunsa daa'imaa irratti hayyama kan qabaniifi haalu dugda duubaa baruudhaaf, seenaa hayyamaa baruudhaaf, gabaasaawwan hordofuudhaaf, akkasumas afaan dubbatamuufi kan biroo argachuudhaaf, gara kanaa deemuu qabda: Kunuunsa Daa'immanii findchildcarewa.org irratti ilaali. Odeeffannoo kana karaa toora interneetii argachuu hin dandeessu taanaan, odeeffannicha isiniif dhiyeessuu akka dandeenyuuf karaa 1-844-626-8687 waajira keenya qunnamaa maaloo.

Daa'imni kee ykn guddinni daa'ima keeii karaa sirrii irra kan jiru yoo ta'e ykn yoo isheen mana barumsaatiif shaakala dabalataa xiqqoo ni barbaaddi ta'e baruu ni dandeessa. Kana gochuuf, Sarara Hotline Fayyaa Maatii 1-800-322-2588 bilbiluun ykn marsariitii Gargaarsa Warra 123 weebite [parenthelp123.org/child-development/help-me-grow-washington](http://parenthelp123.org/child-development/help-me-grow-washington) dhaquun gaaffilee qorannoo guddina daa'immanii bilisaa guutuu dandeessu waa'ee isaa caalaatti baruuf.

Nagaan isanii akka eegamuufii qabu daa'imman mirga bu'uuraa ni qabu. Acuucaafi dagatamuun nagaa daa'immanii yaaddoo irra buusuudhaan akka isaan miidhaa qaamaafi sammuudhaaf irra darbeeyyu du'aafillee saaxilaman ni godha. Daa'imni tokko miidhaa acuucaaf ykn dagatamuudhaaf saaxilamuu shakkite, bilbila DCYF kan bilisaa 1-866-END-HARM (1-866-363-4276) irratti bilbili.

**Maaloo Giddugala Qunnamtii Deeggarsa Kunuunsa Daa'immanii yoo ati, warri, waa'ee tarkaanfiiwwan itti aanan ykn ulaagaa itti fufiinsa qabu 1-844-626-8687 irratti gaaffii qabaattan bilbili.**

**Yoo dhiyeessaan keessan waa'ee adeemsa hayyamaa fi ulaagaalee gaaffii qabaate ogeessa hayyama isaanii irraa bilisa ta'e akka isaan qunnaman taasisaa: 1-866-482-4325 #8 ykn iimeelii [dcyf.ffn@dcyf.wa.gov](mailto:dcyf.ffn@dcyf.wa.gov) irratti.**